

Sagalee kennuu danda'aa?

Namni tokko yoo seera Naannoo Waashiingtan jalatti yakka guddaa dalaguunsaa irratti mirkanaaye mirga sagalee kennuu ni dhaba; dabalataanis yeroo yakka guddan seera naannoo kamiinuu ykn federaalaa jalatti hidhamee jirutti sagalee kennuuf ulaagaa hin guutu. Garuu yoo namni kun to'annoo Mana Sirreessaa (MS) Naannoo Waashingtanii jala ta'uu baate fi hidhaa yakka guddaan kan ka'e mana murtee naannoo kamiinuu ykn federaalatiin itti murtaayee yoo xumuure mirgi sagalee kennuu ni deebi'afi. Gabateen kun yoo namni yakki irratti mirkanaaye sagalee kennuuf ulaagaa guutu isaa beekuf si gargaara.

